Shororkeessummaafi seenaa dhufaatii isaa

Seenaan shororkeessummaa seenaa yeroo dhihoo miti. Seenaa bara dheeraa jaarraa 1ffaa keessatti dhalateedha. Akka hayyuun seenaa jabanaa tokkoo (contemporary historian) Jooseef barreesetti, jaarraa 1ffaa keessatti gosti rincicoota Jiwishii Konyaa Juudaa bulchiinsa Roomaanota irratti fincilan. Bu'uurri fincila isaaniis, namoota beekkamoo bulchiinsa Roomaanota cinaa hiriiranii deeggaran ajjeesuudha. Haaluma walfakkaatuun, jaarraa 6ffaa keessatti ammoo, Juudaan Gaalilee garee Makarasistoota Sisaarii (Sicarii) ykn "deggarman" (garee cuubeen lolan) gurmeesse. Gurmaa'insi isaaniis, kallattiidhaan namoota Jiwiishoota deeggaruuf waliin hiriiranii socho'an balleessuudha.

Kunneen keessaa, Qeesota mana qulqullummaa, Saadduqaanota, Heeroodotaafi beektootni dureeyyii ni caqasamu. Akka hayyuun seenaa kun dubbateetti, Sisaaronni cuubee gaggabaaboo uffannaa guutuu durii uffatan jalatti dhoksuudhaan ayyaana ummataa gurguddaa irratti hirmaatu. Kanumaan, namoota barbaadan ajjeesuufi miidhaa hamaa irraan geessisuun ummatuma keessa badu. Gocha shororkeessummaa raawwatan keessaa, ajjeechaan Qeesii olaanoo Joonaataan jedhamu guddaa akka ta'e Yooseef himaniiru.

Gochi shororkeessummaa jaarraa 1ffaa keessatti dhalate haalaa fi amala isaa jijjiirataa, ummata yaaddoo hamaa keessa galchuudhaan tarkaanfii gara jabinaa fi yakka suukanneessaa ummata nagahaa irratti dhaqabsiisuun waan haaraa ta'uu baatuus, yakki shororkeessummaa ajandaa ykn dhimma seeraa fi siyaasaa ta'ee kan bahe garuu, yeroo dhihoo naannoo dhuma jaarraa 20ffaa keessattiidha.

Barreessootni akka Beengooleeyriifi Joorji Wiiliyaam jedhaman akka ibsanitti, jechi shororkeessummaa (Terrorism) jalqaba kan argame jecha Faransaay "teeroorisme" (Terrorisme) jedhu irraa yammuu ta'u, ibsi jecha kanaas, yeroo Warraaqsa Faransaay, bara shororkaa (Reign of Terror) keessatti gochawwan suukanneessaa Kilabii Jaakobinoota (Jacobins club) raawwatamaa turan agarsiisuudhaaf bu'uura kan taasiiseedha. Haata'u malee, jechi Faransaay mataan isaa kan burqe jecha laatiin (terreo) jedhu, kunis, "I frighten" (an sodaadhe) jedhu irraa akka ta'ees dubbataniiru.

Kanumaan wal qabatee, har'a addunyaan irra jirru gocha shororkeessummaa otoo hin keessummeessin yeroo nagahaan ooltee bulte jira jechuun hin danda'amu. Miidiyaaleen addunyaa irratti argaman baayyeenis ta'umsa shororkeessummaa deemsifamaa jiruun uwwisa bal'aa kennuudhaan muddamaniiru.

Gochi shororkeessummaa nageenya, bilisummaafi tasgabbii ummata addunyaa hundaaf yaaddoo ta'uu isaatiin wal qabatee, rakkoo biyya ykn ardiii tokkoo qofa ta'ee kan daangeeffame miti. Shororkeessummaa ittisuun dhimma murteessaafi gaaffii jireenyaa ta'uu isaatiin, hawaasni addunyaa hundi gocha gara jabinaa kana qindoominaan irratti qabsaa'uun dirqama itti ta'eera.

Haaluma kanaan, addunyaan yakka shororkeessummaarratti duuluuf seeraafi humna bulchiinsa mata mataa isaanii hundeessuun akkuma jiru ta'ee, tumsa waliigalaa sadarkaa addunyaatti taasifamuuf sanadoota farra-shororkeessummaa wal ta'iinsaa 12 oli ta'an bahaniiru. Sababbiin bu'uura kanaas, gochi shororkeessummaa amalaafi qabiyyeen idil addunyummaa isaa baay'ee bal'achaa dhufuu isaati.

Ragaaleen akka mirkaneessanitti, bara 1982-2000 A.L.Awu.tti yoo xiqqaate waggaatti gochoonni shororkeessummaa 430 oli raawwatamaniiru. Bara 1995-2004 A.L.Awu, waggoota 10 jiran qofatti gochoonni shororkeessummaa 3524 ta'an sadarkaa addunyaatti raawwatamaniiru. Kanumaanis, namoonni 7943 lubbuu isaanii battalumatti kan dhaban yammuu ta'u, 32,000 oli ta'an ammoo miidhaa qaamaa hamaaf saaxilamaniiru.

Gama biraatiinis, Fulbaana 11, bara 2001 A.L.Awutti, Wiirtuun Daldala Addunyaa (Pentagon) shororkeessitoota Al qa'idaatiin erga rukkutamee booda, ta'uumsaaleen yakka shororkeessummaa gurguddoon hedduu raawwatamaniiru. Kunneen keessaa, ajjeechaa mana Tiyaatira Mooskoo marsuudhaan raawwatame, dhohiinsa Istaanbuul bara 2004, dhohiinsa Baabura Maadiriid, jeequumsa iggitamaa mana Barnoota Beeslaanii, dhoohiinsa Loondoon bara 2005, dhoohiinsa Niw Daliihii Onkolooleessa bara 2005fi jeequmsi Hoteela Mumbaay bara 2008tii ni caqasamu.

Gochi shororkeessummaa suukaneessaan akka idil-addunyaa Fulbaana 11tti raawwatame akka fakkeenyatti yammuu ilaallamu, shororkeessonni yakka shororkeessummaa raawwachuuf maloota walxaxaa garaagaraa fayyadamuu akka danda'an hubachuun salphaadha.

Ragaan jiru akka mul'isutti, waggaa kana (2003) qofatti yakki shororkeessummaa 651 sadarkaa addunyaatti raawwatamaniiru. Kanumaanis, namoonni 1907 yammuu du'an, 6704 ammoo miidhaan qaamaa hamaa irra gaheera. Dhiheenya kanattis, yakki shororkeessummaa suukaneessaa biyya Noorweey, Magaalaa Ooslootti raawwatame kan dagatamu miti. Kunneen akka fakkeenyatti kaasne malee, yakki suukanneessaafi gochi maraatummaa guyya guyyaadhaan raawwatamaa jiru tarreeffamee kan dhumu miti.

Haaluma wal fakkaatuun, ragaaleen kun akka mirkaneessanitti, yakkawwan shororkeessummaa raawwataman kun humna hidhataniin, boombiiwwan ykn dhootuuwwan awwaalaman ykn darbatamaniin, reebichaan fi balleessanii baduun kan raawwataman ta'uu isaa agarsiisu.

Gareen Obboleewwan Islaamummaa (Masrii ykn Ijipti), garee Faataa (Paalistaayinii), Taamiil Taayigarii (Siiri Laankaa), Heezboollaa (party of God) kan (Libaanos), Haamaas (Gaazaa, Paalastaayin) Al-Qaa'idaa (Saawdii Arabiyaa), Laakshaar-Taayibaa (Paakistaanii), Sappaareetistii Chichiiniyaa (Raashiyaa), ETA (Speenii), PKK (Turkii), Al-Shabaab (Soomaaliyaa)… dhaabbilee Shororkeessitoota gurguddoo jedhamuun beekamaniidha. Dhaabbileen kunneenis, yakka suukanneessaa, diigaa fi ajjeechaarratti bal'inaan socho'anii addunyaa yaaddoo keessa galchaa kan argamanidha.

Bu'uura kanaan, gochoota armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, yakki shororkeessummaa baayyee suukanneessaa, walxaxaafi to'annoofiyyuu xiyyeeffannoo olaanaafi humna gahaa kan barbaadu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, biyyi keenyas haala yaaddeessaa ta'een rakkoo kanaaf saaxilamuu erga jalqabdee bubbulteerti. Keessattuu, dhaabbileen kanneen akka ABO, OBBO (ϽBnG), Ginboota 7, Al-Shabaabiifi Al-Qaa'idaan, nageenyiifi tasgabbiin akka hin jiraatne, guddinni misoomaa biyyattii mirkanaa'ee gaaffiiwwan ummataa akka hin deebine yakka suukanneessaafi diigaa raawwachuun lammiilee hedduu ajjeessuufi qabeenya biyyaa barbadeessaa turaniiru.

ABOn, yeroo koonfaransii hundeeffama mootummaa cehumsaa chaartara qophaa'e mallatteessudhaan qaama mootummaa cehumsaa ta'ee waggaa tokkoof erga turee booda, karaa nageenyaa biyyee itti naquun fincilee karaa qabate. Kanumaanis, karaa farra chaartaraa filate irratti bobba'ee, yakkoota shororkeessummaa hedduu ta'e raawwachaa tureera.

OBBO, Tokkummaa M/Murtii Islaamummaafi Al-Shabaab waliin hiriiruun, akkasumas, mootummaa Eertiraa irraa deeggarsa ol'aanaa argatuun, nageenya ummataafi biyya keenyaarraatti yakka shororkeessummaa salphaa hin taane raawwachaa kan turedha.

Dhaabni Ginboot 7, dhaaba hoggantoota jeeqxota ol'aanoo Garee Qindoominaa (Qinijjit) turaniin kan hundeeffamedha. Hoggantoonni garee kanaa heera biyyattii humnaan diiguuf yaalii guddaa akka taasisan filannoon biyyaaleessaa 1997 wabiidha. Haaluma kanaan, gochi raawwatan dhaddacha mana murtiitti itti mirkanaa'ee, gocha raawwataniin gaabbanii ture. Sana booda itti hin deebinu jechuudhaanis ummataafi mootummaadhaan ifatti dhiifamni taasifameefi mana hidhaarraa akka bahan ta'ee ture. Haata'u malee, mana hidhaa irraa dhiifamaan erga bilisa ta'anii booda garuu, dhaaba Ginboot 7 jedhamu hundeessanii yakka hamaa shororkeessummaa raawwachuu irratti bobba'an.

Somaaliyaatti, mootummaa seera shari'aatiin geggeeffamu hundeessuuf gurmaa'ee, qaamolee farra Islaamtota jedhee farraju irratti waraana jihaadii labsuudhaan yakka shororkeessummaa dhaaba raawwataa jiruudha. Al-Qaa'idaa waliin hariiroo cimaa qaba. Akkasumas, sadarkaa caasaa hoggansa bal'aa isaatiin Afgaanistaan keessatti Al-Qaa'idaa jalatti gurmaa'ee leenji'uudhaan shororkeessitoota qabsaa'aa turan kan hammateedha.

Ameerikaa, Awuustiraaliyaa, Kaanaadaa, Engiliiziifi biyyoota kanneen birootiin dhaaba shororkeessaa jedhamuun moggaafameera, dhaabni Al-Shabaab jedhamu. Dhaabni kun, bara 2006 jalqabee yakka shororkeessummaa suukanneessaafi rifachiisaa raawwachaa kan ture yammuu ta'u, ammas bal'inaan itti fufee jira.

Al-Qaa'idaan ammoo dhaaba shororkeessaa bara 1988fi 1989 A.L.Awu. gidduutti hundeeffamedha. Dhaabni kun, dhaabbilee shororkeessitoota ol'aanoo kanneen biroo waliin hariiroo qunnamtii bal'aa diriirsee, gamtaanis ta'e dhunfaadhaan yakka shororkeessummaa raawwataniif deeggarsa faaynaansii, hidhannoo, muuxannoofi kkf taasisuudha. Al-Qaa'idaan, biyya keenya dabalatee, biyyoota addunyaa hedduu keessatti dhaaba shororkeessaa idil addunyaa jedhamee beekkama.

Sababa yakka shororkeessummaa dhaabbilee kunneeniitiin, biyya keenyattis ta'e, biyyoota biroo keessatti, kan lubbuu isaanii dhaban, qaamni miidhamee abdi dhabeessa ta'e, kan maraataniifi karaa irratti hafan hedduudha. Kan nama gaddisiisuufi suukanneessu ammoo, daa'imman abdii boriifi haadha hundaa kan ta'an dubartootni xiyyeeffannoowwan yakka kanaa ta'uu isaaniiti.

Keessattuu, abdii kutataan akka ABO, fedhii angoof qofa, akkasumas ejjennoofi daandii koo maaliif kanneen biroon deeggaruu didan jechuun, balaa gara garaatiin lubbuu haadholiifi daa'immanii, dargaggootaafi maanguddoota gara jabinaan ajjeessuun dhiiga dhangalaasaa tureera. Hawaasni biroonis, nagaan bahee nagaan akka hin galle yaaddoo hamaaf saaxilaafi doorsisaa tureera.

Qo'ataan Gidu gala Imaammataafi idil-addunyaa Waaltar Liikuyer jedhamu, akka ibsetti, amalli waaliigala shororkeessummaa jeequmsa hamaa uumuudha. Kanumaanis, lubbu namaa ajjeessuu, dhiiga dhangalaasuu, hambaafi qabeenya biyyaa gurguddoo barbadeessuu, ummata irratti dhiibbaa xinsammuu uumuu, imaammata siyaasa mootummaa jijjiirsisuun kaayyoofi galma shororkeessummaa akka ta'e kaa'era.

Gochi shororkeessummaa miidhaa misooma biyya tokkoo gufachiisuu irra darbee, jiruufi jireenya akkasumas, lubbuu lammiilee hedduu balaa hamaaf saaxiluun, kaayyoo guddina misoomaa yammuu quucaarsu, baheefi galtee lammiilee shakkii irratti akka hundaa'u taasisa.

Haala yakka shororkeessummaa sadarkaa addunyaafi biyya keenyaa haa ilaallu malee, jecha shororkeessummaa jedhu kana sadarkaa addunyaatti hiikkaa wal fakkaataa ta'e tokko hanga ammaatti kennuuf hin danda'amne. Haata'u malee, bara 1988 A.L.Awu. jalqabee ajandaa seeraafi siyaasaa ta'ee bahu erga jalqabee garuu, hiikkaawwan seeraa 109 oli ta'an kennameeraaf. Keessattuu, gocha shororkeessummaa idil addunyaa Fulbaana 11n booda hiikkaa shororkeessummaa addunyaa hunda wal taasisuu danda'u kennuudhaaf tattaaffiin cimaa taasifamus bu'aa qabeessa ta'uu hin danda'amne.

Giddugala Ji'oorj C.Maarshaalitti qo'ataan dhimma nageenya Awurooppaa, Kaalistan Booksteet akka hiikkaa kenneefitti, shororkeessummaa jechuun; "jeequmsa siyaasaa xaxamaa kaasuun ummata irratti yaaddoofi sodaa uumuu, of eeggannoo malee balaa sukkanneessaa, hambaa, qabeenya biyyaafi ummata nagahaa irratti geessisuun yakka fudhatamuudha."

Gama birootiin galmeen jechoota Bilaaks Low (Blacks law dictinonary) jedhamu "Shororkeessummaan; humna fayyadamuun gocha shororkii, sodaa uumuu keessattuu, geggeessitoota siyaasaa irratti dhiibbaa uumuu" jechuudhaan hiikkaa kennaaf.

Piroofeesarri Saayiinsii Siyaasaa Steetii Yuunivarsiitii Kaansaas kan ta'an hayyuun tokko qorannoo deemsisaniin "Shororkeessummaan; ummata nagahaa irratti yaaddoo uumuudhaan ykn humna fayyadamuun sodaafi shororkii uumuudhaan dhiibbaa siyaasaa, aydiyooloojii ykn amantii uumuudha" jechuun hiikkaa kan kenneef.

Akka hiikkaa hayyuu kanaatti, shororkeessummaan wantoota bu'uura afur of keessaa qaba. Tokkooffaa, sodaa uumuufi gocha humnaa fayyadamuu. Lammaffaa, gochi shororkeessummaa ummata nagahaa irratti kan xiyyeeffate ta'uusaa. Sadaffaan, gochi shororkeessummaa sodaafi tasgabbiin akka hin jiraanne gochuun bu'uura kan taasisefi inni dhumaa ammoo, gochi shororkeessummaa kaayyoo siyaasaa, aydiyooloojii ykn amantii barbaadan dirqamaan nama irratti fe'uuf kan jedhan of keessatti kan hammate ta'uu isaa ibsa.

Barreessaan Mikaa'eel P.Iskaarar jedhamu gama isaatiin, hiikkaa shororkeessummaa ilaalchisee, hayyoonni seeraa yaada nama hunda wal taasisuu danda'u fiduu dadhabuu isaanii ibsuudhaan dhimma kanarratti filannoo hiikkaa bu'uuraa gosa lama akka jiru eeru.

Filannoon inni jalqabaa, shororkeessummaa haala waliigalaatiin hiikuu (General Approach) yammuu ta'u, filannoo hiikkaa kanaatiin yaada (intention) bu'uura ka'umsa yakkichaa sababa

gochuun yaada waliigalichaa hiikuu (conceptual definition) dhaan kaa'uudha. Filannoon 2ffaa fi inni biraa ammoo, gochawwan muraasa akka iggituu, buttaa fi kkf tarreessuun shororkeessummaa haala dhiphaa ta'een hiikuu (Specific Approach) akka ta'e caqasaniiru.

Shororkeessummaa hiikuuf filannoowwan lamaan taa'an ciminaafi hanqina mataa isaanii akka qaban ibsuun alatti, keessattuu, filannoon inni jalqabaa (general approach) faayidaa siyaasaa galmaan ittiin gahachuuf (political manipulation) kan ooluu danda'u akka ta'e eeruun, gochi shororkeessummaa tokko tokkoon kan hin ibsamne yoo ta'e baastoonni imaammataa, gocha kamtu, gocha shororkeessummaadha, gocha kamtu ammoo miti shororkeesummaadha jechuuf aangoo murteessuu waan kennamuuf jibbiinsa siyaasaatiin fayyadamuudhaaf bal'inaan hulaa saaqaaf jechuun qeequ.

Faallaa kanaan ammoo, gochootni muraasa hiikkaan gad fageenyaa kennamuuf (specific approach) tokkoon tokkoo gochoota shororkeessummaa karaa ifa ta'eefi wal hin rukkunneen waan ibsamuuf murtoon seeraa carraa faayidaa siyaasaatiif ooluu dhiphisa yaada jedhu kan kennameef haa ta'u malee, asirratti gochoonni seeraa ibsaman salphaatti seericha fooyyeessudhaan jijjiiruu waan danda'aniif rakkinicha haala guutuu ta'een hin ittisu qeeqa jedhu irraa hin fagaanne. Karaa filannoo gama lamaaninuu qeeqa ka'u akkuma jiru ta'ee, waliigaltee idil-addunyaa dabalatee biyyoota hedduutti gochawwan shororkeessummaa muraasa ibsuudhaan hiikkaa shororkeessummaa kaa'uuf yaaliin cimaa kan taasifamaa jirudha .

Fkn, qajeelfamni raawwii lakk. 1373/2001 Murtoo Mana Maree Nageenya Mootummoota Gamtoomanii akka mul'isutti, hiikkaa shororkeessummaa ilaalchisee waliigaltee tokko irra gahuun waan dadhabameef, biyyootni hundi akka haala qabatamaa naannoo isaanii seera isaaniitiin kaa'uu akka danda'an kaa'eera. Haata'u malee, haala dhiphaa ta'een ilaaluun gochawwan shororkeessummaa hammatamuu qaban akka hin dagatamne ykn haala bal'aa ta'een ilaaluun gochawwan hunda faayidaa biyyaa tuqan jedhaman, maqaa shororkeessummaatiin qabamuudhaan itti fayyadamaaf akka hin oolle of eeggannoo gochuun akka irra jiraatu hubachiisu.

Gocha shororkeessummaa Fulbaana 11tti aanee sanadni farra shororkeessummaa wal ta'iinsaa qophaa'e, gochawwan muraasa ibsuudhaan, namootni ykn dhaabni gochawwan sana raawwate gocha shororkeessummaa akka raawwateetti kaa'a.

Bu'uura kanaan, yaada rimeen sanada wal ta'iinsaa kun yakka shororkeessummaa akka itti aanutti hiikeera.

"Namni kamiyyuu karaa seeraa alaatiin ta'e jedhee nama kan ajjeese ykn miidhaa qaamaa hamaa namarratti kan geessise, bakkeewwan tajaajiloonni mootummaa itti kennamu, dhaabbilee tajaajila daandii, tajaajila bu'uuraalee misoomaa dabalatee qabeenya mootummaas ta'e dhuunfaa irratti balaa kan geessise. Haaluma kanaan, balaan kanaan olitti eerame kaayyoon isaa hawaasa sodaa keessa galchuufi mootummaa ykn dhaabbileen idil addunyaa tarkaanfii tokko akka hin fudhanne ykn raawwachuu irraa akka of qusatan dirqisiisuuf balaa bu'uura dinagdee diigu raawwachuuf kan yaale yakka shororkeessummaa raawwateera" jechuun raggaasifameera.

Seerri nageenya (security) Ingliizi bara 2001 A.L.Awutti bahes, "balaan qabeenya irratti humnaan raawwatamu (violence against property) karaa maqaa mormii nageenyaatiin raawwatamu, gochi balaa dhaqabsiiseefi al taasgabbii (civil disobedience) uumuufi gochawwan kana fakkaatan yakka shororkeessummaa" jechuudhaan murteeffamaniiru. Seerri nageenya Ingiliizi gochoota caqasaman yakka shororkeessummaati jedhee yammuu kaa'u, gochawwan kunneen haqa

uumamaafi ol'aantummaa seeraa (natural justice and rule of law) gochoota faalleessan ta'uu isaanii sababummaadhaan kaa'eera.

Haaluma wal fakkaatuun, Ameerikaafi Awuustiraaliyaanis gochawwan murtaa'oo ibsuudhaan, gocha shororkeessummaaf hiikkaa erga kennanii booda labsii farra shoroorkeessummaa biyyoota baasan keessatti ramadamaniiru.

Yakka shororkeessummaa Fulbaana 11n booda Onkolooleessa 25 bara 2001 A.L.Awu seerri farra shororkeessummaa Ameerikaa bahe; "ummata nagaa irratti dhiibbaafi sodaa uumuu, imaammata mootummaa irratti dhiibbaa uumuuf doorsisuufi humna fayyadamuu, sochii mootummaa gufachiisuuf ummata irratti jeequmsa ykn ajjeechaa raawwachuun gochoota shororkessummaa" jedhamanii hiikamaniiru.

Qaama seera yakka Awuustiraaliyaa ta'ee akka hammatamu kan taasifameefi seerri farra shororkeessummaa bara 2002 A.L.Awu.tti bahe; "haala hamaadhaan qaama namaa irratti miidhaa geessisuu, qabeenya barbadeessuu ykn balaa geessisuu, lubbuu namaa balaaf saaxiluu, nageenyaafi tasgabbii ummataa balaa irratti akka kufu gochuun akkasumas, sirna wal qunnamtii, odeeffannoofi tajaajila Teelee biyyattii, tajaajiloota bu'uuraalee mootummaafi dhuunfaa akka kutamu ykn barbadaa'u gochuun" yakka shororkeessummaa akka ta'e raggaasifameera.

Kanaan olitti ibsuuf akkuma yaalameetti, sanadni farra shororkeessummaa Mootummoota Gamtoomaniis ta'e, seerri farra shororkeessummaa biyyoota sadeenii (Ingiliizi, Ameerikaafi Awuustiraaliyaa) gochoota murtaa'aniifi ifaan ibsaman gochoota shororkeessummaa akka ta'an murteessuun seera farra shororkeessummaa baasaniiru. Bu'uura kanaan, filannoon hiikkaa shororkeessummaa biyyoonni kun hordofan, filannoo jalqabaa (specific approach)dha. Haaluma walfakkaatuun, barreeffama kana keessatti gama boodatti kan gadi fageenyaan ibsinu ta'us, seerri farra shororkeessummaa biyya keenyaas kallatti kanaan kan bocame ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

Haata'u malee, biyyi keenya seenaa hiyyummaa, doofummaafi boodatti hafummaa keessaa baatee akka aduu ganamaatti calaqqisuu erga jalqabdee waggoottan 20 lakkoofsisteetti. Waggoottan kana keessattis, biyya mirgi namoomaafi demokraasii itti kabajame, bulchiinsi gaarii itti dagaage, nageenyi amansiisaa itti mirkanaa'e, mirga ofiin of bulchuufi fedhii ofii ofiin murteeffachuu, bilisummaadhaan walitti dhufanii mana waliigala isaanii kan taate biyya isaanii obbolummaadhaaniifi hirmaannaa waliigalaatiin ijaaraa jiranidha.

Carraa jijjiiramaafi kaka'umsa gama hundaan mirkanaa'aa jiru kunis bu'aa bu'uura imaammata misooma, demokraasiifi nageenyaa mootummaan misoomawaa keenya hordofudha.

Akkaataa kanaan, biyyi keenya guddina misoomaa ariitiifi fufiinsa qabu walitti aansuudhaan yeroo toorbaaf %11 oliin galmeessuu kan dandeeche. Bu'aa kanaanis, ummanni baadiyyaafi magaalaa sadarkaa sadarkaadhaan argaman fayyadamaa ta'aniiru. Ta'aas jiru.

Haaluma kanaan, imaammata misooma, demokraasiifi nageenya mootummaan yeroo yeroon baasee socho'u olaantummaan kan raawwatu ummatuma mataasaa waan ta'eef, kun haala milkaa'aa ta'een galma akka gahu gochuun ammoo dirqama mootummaati.

Kanaafuu, akkuma biyyoonni hedduun guddina misooma biyya keenya keessatti galmaa'aa jiru wabii ta'uudhaan tumsaa jiranitti, faallaa kanaan ammoo, guddina galmaa'aa jiru kana gufachiisuuf, ummata yaaddoo keessa galchuu, sodaa uumuuf, yakka suukanneessaa raawwachuudhaan fudhatamni biyyi keenya addunyaa irratti qabdu dukkaneessuuf dhaabbilee asiifi achi jedhan kan jiran ta'uusaa kanaan olitti ibsuuf yaalleerra.

Gama biraatiin ammoo, mootummaan faayidaa, qabeenyafi nageenya ummata waliigalaa eeguu akkasumas bilisummaa ummataa kabajuufi kabachiisuudhaaf itti gaafatamummaa guddaa qaba. Kanas, qabatamaan dhugoomsee aantummaa ummataaf qabu mirkaneessuun dhimma yeroo hunda dagatamuu hin qabneedha. Itti gaafatamummaa mootummaan fudhate kana raawwii qabatama irra oolchuuf tarkaanfii bu'uuraa fudhachuu qabu keessaa ammoo sirnaafi seera shororkeessitoonni itti adabaman, faallaa kanaan ammoo, lammiileen yakka shororkeessummaa irraa baraaramuu danda'an raggaasisuudha.

Kanumarratti hundaa'udhaan, biyyi keenyas akkuma biyyoota kanneen biroo gocha shororkeessummaadhaan saaxilamaa waan jirtuuf, dhimmichi hidda gadi fageeffatee guddina misooma biyyattiin jalqabde akka hin gufachiifne bara 2001 jalqabee seera farra shororkeessummaa labsiteetti. Kanumaanis, labsii shororkeessummaa lakk. 652/2001 keew. 25, keew/xiqqaa 1 fi 2 bu'uura gochuun garee ykn dhaaba tokko shororkeessummaan moggaasuuf; "kallattiidhaan ykn al-kallattiidhaan yakka shororkeessummaa yammuu raawwatu, yakkicha raawwachuuf kan qophaa'e, gocha shororkeessummaa yoo deeggare ykn yoo jajjabeesse ykn karaa biraatiin shororkeessummaa waliin hariiroo qabaachuudhaan yoo argame" ta'uu isaa ifatti kaa'era.

Akkaataa kanaan, dhaabbileen kanaan olitti eerre hanga ammaatti gochi shoroorkeessummaa biyya keenyarratti raawwataa turan salphaa miti. Kanumaanis, dhaaba shororkeessummaan moggaafame tarkaanfii itti fudhatamu ifatti taa'e bu'uura taasisuun, dhaabbilee shororkeessummaan moggaafamu qaban mootummaan M/Mareedhaaf akka dhiheessu aangoo kennameef irratti hundaa'uun, gad fageenyaan qoratee seera qabeessaan kan dhiheesse waan ta'eef Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa Biyyaaleessaa ABO, OBBO "ղBnG", Ginboot 7, Alshabaab fi Al Qaa'idaa dhaabbilee shororkeessaa ta'anii akka moggaafaman murtee dabarseera.